MAPLE GROVE
SENIOR HIGH SCHOOL

9800 Fernbrook Lane North
Maple Grove, MN 55369
763-391-8700

mgsh.osseoschools.org
School hours:
7:30 a.m. to 2 p.m.




**ABOUT**

# MAPLE GROVE SENIOR HIGH

Maple Grove Senior High barattoota kutaa 9 hanga 12tti tajaajila kan kennu yoo ta'u, manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa hunda galeessa sadii Manneen Barnootaa Naannoo Osseo keessa jiran keessaa isa tokkodha. Naannoon argama Maple Grove's kutaalee Corcoran, Dayton, Maple Grove, Plymouth fi Rogers of keessatti ni qabata.

## CARRAA

Barataan kamiyyuu carraa barnootaa, geggeessummaa fi kaarikulamii waliinii irraa ni fayyadama.

## DEEGARSA

Koorsii fi sochiiwwan bal'aan guddina barnootaa fi hawaasummaa ni deeggaru.

## QOODAFUDHACHUU

North Memorial, Maple Grove Rotary, Substance Church, City of Maple Grove, Maple Grove Lions fi gareewwan atileetiksii hawaasaa hedduu, fi kanneen biroo.

## MANNEEN BARNOOTA BIYYATTII SADARKAA GAARII QABAN KEESSAA ISA TOKKO

Bara 2015 hanga 2025tti U.S. News and World Report tiin beekamtii argateera.

## BARUUMSA DIGITAL

Barattoonni Chromebooks fayyadamuun, barnootarratti caalaatti hirmaataa, dhuunfaan ofumaan ofi qajeelchaa hojjechuun ni gargaaramu

## KAROORA BARUMSA COLLEGE! CARRAA HOJII

Tokkoon tokkoon barattootaa filannoowwan qorachuu fi kolleejjii ykn karoora hojiiisaa irrattideeggarsa ogeessaa.ni argata

**Galmeen 2025** (tilmaamaam)**: 2,600**

## IBSA IFAA MAPLE GROVE

- Kaarikulamii bal’aa koorsii 200 ol qabu
- Dhiyeessiin koorsii AP kanneen akka: qo’annoo Afriikaa Ameerikaa, baayoloojii, kaalkulasii, keemistiri, mootummaa fi siyaasa wal bira qabamee ilaalamu, saayinsii kompiitaraa, Ingiliffaa, saayinsii naannoo, ji’ograafii namaa, mootummaa fi siyaasa U.S., dinagdee maakroo, dinagdee maaykiroo, kaalkulasii jijjiiramoota hedduu, fiiziksii, fiiziksii C: makaaniksii, kaalkulasii duraa, saayinsii baruumsa Xiinsammuu Ispeen, istaatistiksii, aartii istuudiyoo: 2D, istuudiyoo aartii: 3D, aartii istuudiyoo: fakkii kaasuu, seenaa U.S. fi seenaa addunyaa
- Eebbifamaan hundi karoora M/barumsaa sadarkaa lammaffaa boodaa karoora dhuunfaa isaa ta’een qabatee M/barumsichaa ni ba’a
- Crimson Way aadaa gaarii M/barumsichaa bu’uura kan uumu yoo ta’u, muuxannoo barnootaa fi hawaasummaa barattootaa/hojjetootaa keessatti guutummaatti kan makame dha

## GOCHAALEE

Shaampiyoononni dhiheenya kanaa kanneen akka: goolfii shamarranii (2023, 2024), Grove Area Percussion (2024), shubbisa (2023), kubbaa miilaa (2022 fi 2024), goolfii ijoollee dhiiraa (2021), kubbaa lallaafaa shamarranii (2019) fi kubbaa miilaa shamarranii (2019). Bara 2024-25tti gareewwan armaan gadii dorgommii MSHSL state’f ga’umsa qaban: kubbaa miilaa shamarranii fi ijoollee dhiiraa, qaxxaamura biyyaa shamarranii fi ijoollee dhiiraa, teenisii shamarranii, dambalii fi cuuphaa shamarranii, shubbisa, iskii Noordii, kubbaa miilaa shamarranii fi ijoollee dhiiraa, Adapted CI fi PI floor hockey, track and field, girls’ lacrosse, fi goolfii shamarranii fi ijoollee dhiiraa.

### BARUUMSA ACADEMIC ILAALCHISEE DHUGAAN JIRU

- 143 AP Barattootaa
- 51 AP Barattoota Kabaja Waliin
- 55 AP Barattoota Sadrkaa Oli Anaa
- ACT Walitti Makaa 22.2

### KAROORA BARUUMSA SAD. 2FFAA BOODA *(Barattoota Bara 2025)*

- 72.7%: baruumsa waggaa 4 college/university
- 20.6%: baruumsa waggaa 2 hawaasummaa ykn kolleejii ogummaa fi teekinikaa
- 1.6%: raayyaa ittisa biyyaa
- 3.1%: leenjii hojirraa/kan biroo

## HOJJETTOONNI

**88%** barsiisota Maple Grove’s digirii lammaffaa fi isaa oli qabu.

**80%** barsiisota Maple Grove’s muuxannoo waggaa sadii oli qabu.



Osseo Area Schools

Ergamni keenya hayyuu tokkoon tokkoon isaanii ofitti amanamummaa, ija jabinaafi gahumsa abjuu isaanii galmaan ga’uuf qaban kakaasuu fi qopheessuudha; hawaasaaf gumaacha ni taasisa; akkasumas barumsa umurii guutuu irratti ni bobba’uu.